Namni gara laafummaa dhoorgatame khayrii hunda dhoorgatameera

Jariir irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ergamaa Rabbii irraa akka odeessetti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namni gara laafummaa dhoorgatame khayrii hunda dhoorgatameera».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni dhimma duuniyaa fi diinii keessatti akkasuma dhimma ofii fi dhimma namoota biroo woliin raawwatu keessatti gara laafummaa dhoorgatame, dhugaan toltuu hunda dhoorgatamee jira jechuu himani.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/4939